

# **Sheekkoo**

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fu ula</b>
Seensa .....	1
Torban 1 <sup>ffaa</sup> .....	2
SHEEKKOO Lakkofsa 1: Of-Beeksisu .....	2
Torban 2 <sup>ffaa</sup> .....	2
SHEEKKOO Lakkofsa 2: Naannoo Ofii Beeksisu .....	2
Torban 3 <sup>ffaa</sup> .....	3
SHEEKKOO Lakkofsa 3: Eegganna Qulqullinaa .....	3
Torban 4 <sup>ffaa</sup> .....	4
Sheekkoo Lakkofsa 4:“ Hantuuta Lameen” .....	4
Torban 5 <sup>ffaa</sup> .....	5
Sheekkoo Lakkofsa 5 “Gammachuufi Jamaal” .....	5
Torban 6 <sup>ffaa</sup> .....	6
Sheekkoo Lakkofsa 6 “Fakkeessanii Taphachuu” .....	6
Torban 7 <sup>ffaa</sup> .....	6
Sheekkoo Lakkofsa 7: “Walgahii Bineensota Bosonaa” .....	6
Torban 8 <sup>ffaa</sup> .....	7
Sheekkoo Lakkofsa 8: “Aadde Caaltuufi Olloota Ishee” .....	7
Torban 9 <sup>ffaa</sup> .....	8
Sheekkoo Lakkofsa 9: “Beeyladaafi Ilmoolee Isaanii”.....	8
Torban 10 <sup>ffaa</sup> .....	9
Sheekkoo Lakkofsa 10: “Seenaa Mana Barumsaa Caalaa” .....	9
Torban 11 <sup>ffaa</sup> .....	11
Sheekkoo lakkofsa 11: Wantoota Lubbu-qabeeyyifi Lubbu-dhabeeyyii.....	11
Torban 12 <sup>ffaa</sup> .....	12
Sheekkoo Lakkofsa 12: Jarmiif Bakki Dhokannaa Hin jiru.....	12
Torban 13 <sup>ffaa</sup> .....	13
Sheekkoo Lakkofsa 13: Waa’ee Tapha Leensaa .....	13
Torban 14 <sup>ffaa</sup> .....	14
Sheekkoo Lakkofsa 14: Gorsa Ogeessa Fayyaa .....	14
Torban 15 <sup>ffaa</sup> .....	15
Sheekkoo Lakkofsa 15: Re’oota Beela’an Sadeen .....	15

Torban 16 <sup>ffaa</sup> .....	16
Sheekkoo Lakkofsa 16: Daraaraa Aliin Jaalatu.....	16
Torban 17 <sup>ffaa</sup> .....	17
Sheekkoo Lakkofsa 17: Bu'uurota Qubeewwanii .....	17
Torban 18 <sup>ffaa</sup> .....	18
Sheekkoo Lakkofsa 18: Meeshaa Taphaa Waraqaa Irraa Hojjechuu .....	18
Torban 19 <sup>ffaa</sup> .....	18
Sheekkoo Lakkofsa 19: Leemmaneefi Qulqullina Dhuunfaa Ishee .....	18
Torban 21 <sup>ffaa</sup> .....	19
Sheekkoo Lakkofsa 20:Adurreewwan Caaltuu .....	19
<b>Torban 22<sup>ffaa</sup></b> .....	20
<b>Sheekkoo Lakkofsa 21:Jamiilaafi Olloota Ishee</b> .....	20
<b>Torban 23<sup>ffaa</sup></b> .....	21
<b>Sheekkoo Lakkofsa 22: Kadijjaafi Hiriyoota Ishee</b> .....	21
<b>Torban 24<sup>ffaa</sup></b> .....	23
<b>Sheekkoo Lakkofsa 23: Hojiwwan Guyyoota Hundaa</b> .....	23
<b>Torban 25<sup>ffaa</sup></b> .....	24
<b>Sheekkoo Lakkofsa 24: Gorsa Haadha Kootii</b> .....	24
<b>Torban 26<sup>ffaa</sup></b> .....	25
<b>Sheekkoo Lakkofsa 25: Kuduraalee Oddoo/Boroo</b> .....	25
<b>Torban 27<sup>ffaa</sup></b> .....	27
<b>Sheekkoo Lakkofsa 26: Gowwaa Kee Barbaadi!</b> .....	27
<b>Torban 28<sup>ffaa</sup></b> .....	28
<b>Sheekkoo Lakkofsa 27: Jijiirama Ji'oottaafi Waqtilee</b> .....	28
<b>Torban 29<sup>ffaa</sup></b> .....	29
<b>Sheekkoo Lakkofsa 28: Korophisa Ofjajaa</b> .....	29
<b>Torban 30<sup>ffaa</sup></b> .....	30
<b>Sheekkoo Lakkofsa 29: Lukkuu Diimtuu Xiqqoo</b> .....	30

## Seensa

Hidhaan kun sheekkoo yookiin seenaa ijolleetti himamu qabatee jira. Sheekkoon wayitii torbeewwanii keessatti yaad-rimee baratame kan cimsu yoo ta'u, dhaggeeffachuu, erga barsiisaan sheekkoo itti himee booda irra deebiin seenessuu, gaaffilee gaafachuu, sheekkoo keessatti namoota, meeshaalee, bineeldota eeraman addaan baafachuufi beekuuf dandeettiwwan akka gabbifatan isaan gargaara.

Barsiisotaa! isin sheekkoo itti himuun dura seenaa kana hubachuuf kan isaan dandeessisu jechootaafi gaaleewan ijoo ta'an qayyabachuu isaanii qulqulleeffadhaa. Achiin booda, sheekkoo suutaafi sagalee olkaasaa tii itti himaa. Sheekkoo ijolleetti himuun duraan dursinee ofii keenyaa dubbifnee afaniin itti himuun barbaachisaadha. Sheekkoon dubbisnee yookiin afaniin himnee erga xumurreen booda gaaffilee sheekkoo keessaan bahan gaafanna. Dabalataan firoomsuu akka baratan dhimma kanneen biroo baratan wajjiin gaaffilee firooma qaban ijolleen haa gaafataman. Akka tasaa ta'ee yeroo gahaa yoo argatan ijolleen sheekkoo walfakkaatu akka dubbataniif carraan haa kennamuufi.

Hidhaa kana keessa gaaffilee gariifi gorsaawan taa'anii jiru. Gaaffileen mariif dhiyaataniifi gorsaawan kunniin ka'umsaaf kan dhihaatan waan ta'eef, akkaataa haala qabatamaan fooyyeessaa itti fayyadamuun ni danda'ama.

## **Torban 1<sup>ffaa</sup>**

### **SHEEKKOO Lakkofsa 1: Of-Beeksisuu**

Ijoolle! Har'a akkaataa mucayyoon tokko itti of-beeksiftu dhaggeeffanna.

Maqaan koo Faaxumaa jedhama. Umriin koo waggaa torbadha. Maqaan abbaa koo Ibraahim yoo ta'u, kan haadha tiyyaa immoo Soofiyaa jedhamti. Obboleewan laman qaba. Isaanis: Sooressaafi Abdallaa jedhamu. Ani kanan jaaladhu muuziidha. Ana kan natti tolu yeroo namoonni kolfan arguudha. Halluun cuqliisni na gammachiisa. Kan ani jibbu immoo, ijoolleen wal-loluudha.

### **Gaaffilee Marii**

1. Maqaan abbaafi haadha Faaxumaa eenu jedhamu?
2. Umriin Faaxumaa meeqa ta'a?
3. Faaxumaan maal faaruu? Maal jibbiti?
4. Faaxumaan obboleewan meeqa qabdi? Maqaan isaanii eenu eenu jedhamu?

**Gorsa:** Ijolle! Faaxumaan akkamitti akka of-beeksifte argitanii? Cimtuudha mitii? Ijolle! Isinis maqaa keessan, kan haadhaafi abbaa keessanii yookiin kan maatii keessanii yeroo hunda yaadachuu danda'uu qabdu. Wanta isin gammachiisuufi jibbisiisu dubbachuu danda'uu qabdu.

## **Torban 2<sup>ffaa</sup>**

### **SHEEKKOO Lakkofsa 2: Naannoo Ofii Beeksisuu**

Ijolle! Har'a mucayyoon takka akkaataa naannawa ishee itti beeksiftu dhaggeeffanna.

Ani Faaxumaan jedhama. Gandi ani jiraadhu Mutuluukan jedhamu yoo ta'u, iddoon itti taphannu kan nama gammachiisu dirree magariisaafi bal'aatu jira. Moora/dalla/ keenya keessa mukkeen maangoo gurguddootu jiru. Yeroo aduu ta'u mukkeen kana jala taa'uun taphachuun na gammachiisa. Manni keenya gubbaan (baaxiin) isaa citaan kan uwatifame yoo ta'u, cufaan foddaafi balbalaa mukarraa kan hojjatamedha.

## **Gaaffilee Marii**

1. Gandi Faaxumaa maal jedhama?
2. Manni Faaxumaafaa gubbaan (baaxiin) maaliin uuwwifame?
3. Manni Faaxumaafaa foddaafi balballi maal irraa hojjatame?

**Gorsa:** Ijoolle! Faaxumaan akkamitti akka naannawa ishee beeksifte argitanii? Cimtuudha mitii? Ijolle, isinis gandaafi mana keessan yeroo hunda yaadachuu danda'uu qabdu.

## **Torban 3<sup>ffaa</sup>**

### **SHEEKOO Lakkofsa 3: Eggannaq Qulqullinaa**

Ijoolle! Har'a mucayyoo Ayyaantuu jedhamtu hiriyaa Gaarituu kan taate irraa akkaataa qulqullina ishee itti eeggattu dhaggeeffanna.

Hiriyoota Gaarituu wajjin oolmaa daa'immanii tokko keessatti baratan keessaa takka Ayyaantuu jedhamti. Ayyaantuun gara mana barumsaa yeroo dhuftu, fuula dhiqattee, dabbasaa (Rifeensa) ishee filattee korojoo ishee qabattee dhufti. Ayyaantuun fuula ishee yeroo mara bishaaniifi saamunaan waan dhiqattuuf iijiifi funyaan ishee yeroo hundaa qulqulluudha. Dabbasaa ishees erga filattee booda, qabduu dabbasaatiin hidhatti. Ganama ganama ilkaan ishee rigatti. Nyaata booda afaan ishee lulluuqqatti. Waan kana ta'eef ilkaan Ayyaantuu adii ture. Dabalataan, gidduu gidduu ilkaan ishee keessaatti nyaanni dhokatee waan hafee hin beekneef dhukkubbiiin ilkaanii ishee mudatee hinbeeku. Ayyaantuun yeroo hundaa qulqulluudha.

Kanaafuu, Gaarituufi hiriyoonni ishee Ayyaantuu baay'ee jaalatu. Yeroo tokko barsiiftuun waa'ee qulqullina dhuunfaa yeroo barsiiftu "Ijaafi funyaan keessan siritti qulqulleessuufi dabbasaa keessanis dhiqachuu, filachuu, ilkaan rigachuu; achiin booda, akka Ayyaantuutti qulqulluu, bareedduufi fayya qabeessa ta'uu qabdu" jettee yeroo dubbattu Ayyaantuutti gammachuutu dhagahame.

## **Gaaffilee Marii**

1. Ayyaantuun dabbasaa/rifeensa ishee akkamitti qabatti?
2. Barsiiftuun waa'ee Ayyaantuu maal jette?
3. Ayyaantuun qulqullina dhuunfaa ishee eeggachuuf meeshaalee maal fa'a fayyadamtii?

**Gorsa:** Ijolle! Fayya qabeeyyii fi babbareedoo akka taataniif ofii keessan, keessattuu immoo, ija, funyaan, dabbasaa/rifeensa fi ilkaan keessan qulqullinaan qabachuu qabdu.

## Torban 4<sup>ffa</sup>

### **Sheekkoo Lakkoofsa 4:“ Hantuuta Lameen”**

Ijolle! Har'a sheekkoo “Hantuuta Lama” jedhu dhaggeeffanna.

Hantuuta furdaa tokkoofi hantuuta qal'aa tokkootu turan. Hantuunni furdaan baadiyyaa kan jiraatu yoo ta'u, hantuunni qal'aan immoo, magaalaa jiraata. Yeroon ganna waan ta'eef, hantuunni qal'aan mucaa adaadaa isaa gaafachuuf gara baadiyyaa deeme. Hantuunni qal'aan akkuma baadiyyaa gaheen hantuunni furdaan gammachuun “Fira jaalatamaa koo! Si eegaan turee; baga nagaan dhufte,” jedhee gammachuun simate.

Guyyaa itti aanu ganama hantuunni furdaan dursee ka'uun fuduraalee mimmi'aawoo hantuuta qal'aaf walitti qabe. Hantuunni qal'aan ofii isaatii haala mijataafi gammachuun magaalaa keessa jiraatu yaadaa, hantuunni furdaan baadiyyaa akkamitti hojii ulfaataa akkasii akka inni hojjatu ilaalee ajaa'ibsiifate.

Kanaan booda, firoonni hantuutaa lamaan walqabatanii gara magaalaa dhufan. Magaalaa akka seenaniin, hantuunni furdaan ibsaa daandiiratti mul'atuufi gamoowwan dhedheeroo ilaalaajaja'ibsiifachuun jalqabe. Waca baay'ee dhagahee waan hin beekneef, sagaleewwan xurumbaa konkolaataawwaniitiin sodaa keessa seene.

Hantuunni furdaan “Magaalaa guddaa kana keessa jiraachuu irra gara mana koo yoon deebi'e naaf wayya” jedhe. Guyyaa itti aanu ganama hantuunni qal'aan magaalaa jiraatu ganamaan ka'ee, hantuuta furdaa baadiyyaa waamee “Si'i fira koo! Ani hantuuta magaalaa waanan ta'eef, jireenyi baadiyyaa natti ulfaate; atis hantuuta baadiyyaa waan taateef haala salphaa ta'een jirenya magaalaa jiraachuun si rakkiseera. “Yeroo hundaa waan haaraa barachuuf yeroo murtaa'aa rakkachuun waan hin hafneef; wanti guddaan garuu, barachuuf beekuuf rakkachuun /dadhabuun/ akka jiru bari,” jedheenii kennaa korojoo keessa guute kenneefii gara baadiyyaa gaggesse. Hantuunni furdaanis kennaa kennameefiif galateeffatee deeme.

## **Gaaffilee Marii**

1. Hantuunni baadiyyaa jiraatu magaalaa deemee maalfaa arge?
2. Hantuunni magaalaa jiraatu baadiyyaa deemee wantoota attamii arge?
3. Hantuunni magaalaa fira isaa kan baadiyyaa yeroo gaggeessu maal jedheen?
4. Hantuunni magaalaa fira isaa kan baadiyyaa yeroo gaggeessu maal godheef?

**Gorsa:** Kanaafuu ijoolle! Yeroo hundaa wanta haaraa shaakaluuf yeroo murtaa'aa rakkachuun kan hin hafnedha. Wanti guddaan barachuufi beekuuf tattaafachuun barbaachisaadha.

## **Torban 5<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 5 “Gammachuufi Jamaal”**

Ijoolle! Har'a sheekkoo “Jamaaliifi Gammaachuu” jedhu dhaggeeffanna.

Gammachuufi Jamaal ijoolle ganda tokko keessa jiraatanidha. Hiriyoota wal-jaalatanidha. Mana barumsaatii deebi'anii yeroo boqonnaa isaaniitti kubbaa taphatu; kubbaa erga taphatanii booda wal-deeggaruun hoj-manee isaaniif kennname hojjatu. Guyyaa tokko garuu, kubbaan isaan taphachaa jiran jalaa dhoote.

Sababa kanaaf, “Kubbaa kan dhoose si'i!, ... si'i!” waliin jechuun wal-lolan. Yeroo kanatti abbootiin Gammachuufi Jamaal dhaqqabanii addaan dhowwanii Gammachuufi Jamaal sababa maaliif akka wal-lolan gaafatan. Sababa lola isaanii erga hubatanii booda, yeroo taphaatti meeshaan ittiin taphannu, baduu, cituu, cabuufi manca'uu fi kan kanneen fakkaatan ta'uun akka danda'uufi sababa kanaaf wal-loluun akka hin barbaachifne hubachiisun walitti araarsan. Guyyaa sanaa kaasee, Gammachuufi Jamaal hiriyyummaa isaaniitiin itti fufan; wal-lolaniis hin beekan.

## **Gaaffilee Marii**

1. Gammachuufi Jamaal waliif maalidha?
2. Gammachuufi Jamaal sababa maaliif wallolan?
3. Gammachuufi Jamaal akkamitti araaraman?

**Gorsa:** Yeroo taphaatti, meeshaan taphaa baduu, cituu, cabuu fi manca'uu danda'a. Sababa kanaaf, yeroo taphattan wal-loluu hin qabdan.

## Torban 6<sup>ffaa</sup>

### **Sheekkoo Lakkoofsa 6 “Fakkeessanii Taphachuu”**

Ijolle! Har'a sheekkoo “Gammachuufi Jamaal” jedhu sheekkoo lakkoofsa 5 jala jiru irra deebiin dhageenyeefi itti fufuun qooddattoota/ taatota sheekkoo sana keessatti dhihaatan fakkeessinee taphachuuf tartiiba itti aanee jiru hordofaa.

- Sheekkoo “Gammachuufi Jamaal” jedhu akka yaadataniif irra deebiin seenessuu,
- Qooddattoota/taatota sheekkoo keessatti dhiyaatan akka adda baafatan gochuu,
- Akkaataa qooddattoonni/taatonni addaan bahaniif ijoolee moggaasuu (Gammachuu, Jamaal, Abbaa Gammachuu, Abbaa Jamaal),
- Qooddattoonni/ taatonni akka Gammachuufi Jamaalitti kubbaa ittiin taphatan itti kennuufi sheekkoo fakkeessanii akka taphatan gochuu,
- Itti fufuun, ijoolee dabaree dabareen taphachiisuu.

## Torban 7<sup>ffaa</sup>

### **Sheekkoo Lakkoofsa 7: “Walgahii Bineensota Bosonaa”**

Ijolle! Har'a sheekkoo “Walgahii Bineensota Bosonaa” jedhu dhaggeeffanna.

Leenca, sardiidaafi yeeyyiin wanta argatan qixa qooddatanii nyaachuuf walii galanii wajjiin adamoo deeman. Waliin ta'uun dhokatanii gadamsa adamsanii qabatan. Kan adamsanii qabatan haala walii galtee isaaniitiin qixa qooddachuuuf walgahii taa'an. Leencis akkas jedhe, “Hanga irra caalu natu fudhata; sababni isaa tokko mirga koo waan ta'eef; lammaffaa,mootii bosonaa waanan ta'eef;sadaffaan immoo, baay'ee baay'ee cimaa waanan ta'eef” jedhe. Dubbii itti fufuun, “Isin keessaa gaaffii kan kaasu yoo jiraate gahee keessanis dabalee foon hundumaa nan nyaadha,” jedheen.

Kanneen hafanis jecha isaa kana osoo hin sodaatin tasgabbiin, “Leenca keenyaa! Yeroo jalqaba adamooft baanu qixa qooddachuuuf walii gallee turre. Haala walii galtee keenyaanis qixa hojjannee gadamsa qabanne. Waan kana ta'eef, qixa qooddachuu qabna.Yoo kun hin ta'in

immoo, kanaan booda si wajjiin adamoo hin baanu; hiriyyummaan keenyas ni hafa” jedhaniin. Dhumarratti, leenci yaada isaaniitti walii galee qixa qooddatanii nyaatan; wajjiin jiraachuu isaanis itti fufan.

### **Gaaffilee Marii**

1. Bineensonni walii wajjiin adamoo bahan eenu fa’i? Maal jedhanii walii galan?
2. Gidduu isaaniitti walii galteen kan dhabame maaliif?
3. Gidduu isaaniitti wanta walii galuu isaan dhoowwe akkamitti furan?

**Gorsa:**Wanta walii galtee nu dhorku mariin furuufi garee keessatti waldhagahuufi walkabajuun barbaachisaadha.

### **Torban 8<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 8: “Aadde Caaltuufi Olloota Ishee”**

Ijoolle! Har'a immoo sheekkoo “Aadde Caaltuufi Olloota ishee” jedhu dhaggeeffanna.

Aadde Caaltuufi olloottan ishee yeroo tokko tokko magaalaa keessaa bahanii bashannanu turan. Konkolaataan dhimma kanaaf itti fayyadamaa turan kan ollaa isaanii obbo Gammadaa ture.

Obbo Gammadaan yeroo isaan bashannana deeman konkolaataa isaanii boba’aa guutanii namoota ollaa isaanii shaniifi ijoollee afur walitti namoota sagal qabatanii deemu turan. Guyyaa guutuu iddo bashannanaatti erga bashannanaa oolanii booda, galgala deebi'anii hunduu gara mana isaanii deemu. Aadde Caaltuufi olloottan ishee obbo Gammadaa sirriitti galateeffatu turan. Aadde Caaltuufi olloottan ishee konkolaataa yoo fayyadaman namoonni biroo ganda sana keessa jiraatan immoo farda, harreefi gaangee akka geejjibaatti fayyadamu. Meeshaalee geejjibsiisuuf gaarii harreen harkisutti fayyadamu. Fardi, Harree, Gaangeefi Gaalli geejjiba aadaan turan yoo ta'an, konkolaataan gosa geejjibaa hammayyaati. Namoonni ganda aadde Caaltuufaa keessa jiraatan hojiwwan isaanii saffisiisuuf meeshaalee geejjibaa aadaafi hammayyaa fayyadamu.

## **Gaaffilee Marii**

1. Aadde Caaltuufi olloottan ishee yeroo tokko tokko magaalaa keessaa bahanii kan deeman maaliif ture?
2. Aadde Caaltuufi olloottan ishee magaalaan ala maaliin deemu ture?
3. Aadde Caaltuufi olloottan ishee magaalaan ala yeroo deeman meeqa ta'aniiti?
4. Ganda aadde Caaltuufaa namoonni jiraatan meeshaalee geejjibaaf kan itti fayyadaman maal fa'i?
5. Ijolle! Naannoo keessanitti akaakuun geejjibaa isin itti fayyadamtan maal fa'i? Eessa ittiin deemtanii beektu?

**Gorsa:** Argitanii ijolle! Akaakuu geejjibaa kan aadaafi hammayyaa waan jiraniif haala naannoo keenyaatiin itti fayyadamuu ni dandeenya.

## **Torban 9<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkofsa 9: “Beeyladaafi Ilmoolee Isaanii”**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo “Beeyladaafi Ilmoolee Isaanii” jedhu dhaggeeffanna.

Barataa Abdii jedhamu tokkotu ture. Guyyaa tokko barsiiftuun isaa, akkas jechuun Abdii gaafatan.“Mana keessan keessa beeylanni maal maalfaatu jiru?” Abdiinis,“Mana keenya Adurree, Saree, Harree, Farda, Sangaa fi Sa'a qabna” jedheen.“Baay’inni isaanii hangam ta’uu?” jedhaniin.“Adurree tokkoofi ilmoolee ishee lama, Harroota afur, Saawan shan, Sangoota lama qabna,” jedheen. “Baay’ee gaariidha Abdii! “Baay’ina isaaniis sirritti beekta,” jedhaniin.Yeroo isaanakkasitti dinqisiifatan, Abdiin baay’ee gammade. Barsiiftuunis waraqaa fakkii beeyladootaa qabu bal’isanii agarsiisuun, “Ijolle! Mee fakkiilee kana ilaaluun kanneen keessaa beeylada kan ta’an natti himaa” jedhan. Ijoolleen fakkiilee yeroo argan baay’ee gammadan. Amma waan beeyladoota cinaa jiran isaanitti fakkaate. Dabaree dabareen ka’uun tuttuquun kanneen beeylada ta’an mul’isuun maqaa isaanii itti himan. Fakkiilee dhihaatan keessaas kanneen beeylada ta’an lakkaa’uun baay’ina isaanii itti himan.

Barsiiftuunis, ijoolleen akkas cimanii beeylada beekanii maqaa isaanii waan itti himaniif baay’ee gammadan. Barattoota keessaa hiriyyaa Abdiifaa kan taate Taliileen barsiiftuu ishee gaaffii tokko gaafatte. “Ilmooleen beeyladoota kanneenii tokkoon tokkoon isaanii maal

jedhamu?” jette. Barsiiftuunis, “Baay’ee bareedaadha Taliilee! Gaaffii gaariidha, jedhaniinii maqaa ilmoolee beeyladaa akkas jechuun waamuu jalqaban.

- Ilmoon Saree; Xuuxillaa jedhamti.
- Ilmoon Xarree; Bukurii jedhamti.
- Ilmoon Hoolaa; Bukkuluu/ Ilmoolee jedhamti.
- Ilmoon Sa’aa; Waatii jedhamti. Jechuun itti himaa turan.

“Kanaafuu ijolle, beeyladoonni faayidaa baay’ee waan qabaniif siritti kunuunsinee haa qabannu,” jetteen.

### **Gaaffilee Marii**

1. Barsiiftuun maal jechuun Abdii gaafatan?
2. Mana warra Abdiifaa beeyladoota meeqatu jiru?
3. Barsiiftuun waraqaa fakkii qabu diriirsanii maal itti agarsiisan?
4. Hiriyaan Abdiifaa maal jettee barsiiftuu gaafatte?
5. Barsiiftuun maqaalee ilmoolee beeyladootaa maal maal jedhamu jedhanii itti himan?

**Gorsa:** Ijolle! Beeyladoonni soorataaf, hojiif, eeggumsaaf, waan barbaachisaniif nyaata isaanii yeroon kennuufiin kunuunsinee qabachuun nurraa eegama. Tolee ijolle?

### **Torban 10<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 10: “Seenaa Mana Barumsaa Caalaa”**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo waa’ee“Seenaa Mana BarumsaaCaalaa,” jedhu dhaggeeffanna.

Caalaan mucaa waggaa 6 yoo ta'u, rakkoo yeroo dhalatu qaama sosochii irratti isa mudateen bakkaa bakkaatti kan socho'u deeggarsa maatiinidha. Haati Caalaa mucaa ishee mana yaalaa adda addaa kan geessite ta'us, yaaliidhaanis akka dhaabbatee deemu gochuufii hin dandeenye. Caalaan yeroo hundaa ganama ka’ee balbala mana isaanii maddii taa’ee, ijoollen ganda isaanii gara mana barumsaa yoo deeman ilaalaan waan tureef, “Anis maaliifan gara mana barumsaa hin deemne?” jedheeti yaada. Guyyaa tokko gaaffii kana haadha isaatiif kaase.

Borumtaa isaa ganama barii haati Caalaa, Caalaa baattee gara mana barumsa naannawa isaanii jiru deemte. Mana barumsaa yoo geesssu dura taa'aa mana barumsatiin wal argitee fedhii Caalaan barachuuf qabu ibsitee akkamitti akka barachuu qabu wajjin mari'atte. Barsiisaanis, Caalaa qabattee gara mana barumsaa dhufuu isheetiif galateeffatee Caalaan mana barumsaatti akka galmaa'u erga godhee booda, meeshaan mucaan turtii mana barumsaa keessatti bakkaa bakkatti ittiin sosocho'u, kutaa keessatti teessoo inni irra taa'u, iddo taphaattiifi kkf wantoota barbaachisan akkamitti guuttachuu akka dandeessu waliin mari'atan.

Haaluma mariitiin, Caalaan torbanitti bakkaa bakkatti kan ittiin socho'u teessoo haaraa waan argateef, hiriyoota isaa wajjin gara mana barumsaa dhufe. Manni barumsaas, teessoo sosochii isaaf toluu fi kan kutaa ittiin seenuu danda'u, riqicha ittiin cehu, mooraa mana barumsaafi dirree keessa akka fedhetti socho'uu akka danda'u kan isa gargaaru qopheessee waan eegeef, gammachuun barumsa isaa barachuu eegale.

### **Gaaffilee Marii**

1. Caalaan akkamitti socho'aa ture?
2. Caalaan yeroo ijoollee gara mana barumsaa deemtu argu maal jedhee yaada?
3. Haati Caalaafi dura taa'aan mana barumsaa dhimma maal irratti mari'atan?
4. Manni barumsaa Caalaaf haala maal fa'aa mijeesseef?

**Gorsa:** Ijolle! Hiriyoonni keessan kanneen miidhaama qaamaa qaban mana barumsaa keessatti akka fedhii isaaniitti sosocho'uufi barachuu akka danda'an gochuu qabdu. Turtii mana barumsaa keessatti mooraa keessa iddo gara iddootti meeshaalee ittiin socho'an, kutaa keessatti teessoo irra taa'an, iddo taphaattiifi meeshaalee ittiin baratanii fi kkf argachuu akka danda'an deeggaruun isin irraa eeggama.

## **Torban 11<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo lakkofsa 11: Wantoota Lubbu-qabeeyyiifi Lubbu-dhabeeyyii**

Ijoolle! Har'a sheekkoo "Wantoota Lubbu-qabeeyyiifi Lubbu-dhabeeyyii Naannootti Argaman" jedhu dhaggeeffanna.

Guyyaa tokko barsiistuuun Guutaafaa "Boru mana bashannanaa naannoo mana barumsaa keenyatti argamu deemnee daawwannaan barnootaa geggeessina,"isaaniin jetteen. Guutaafi hiriyyoonni isaas waan barsiistuuun isaanii itti himte kana yemmuu dhaga'an baayyee gammadan.Guyyaa daawwannaan kanaas, Guutaafi hiriyyoonni isaa ganamaan ka'anii gara mana barumsichaa deeman. Sanaan booda, barsiistuuun isaanii waliin gara mana bashannanaa tokko deeman. Akkuma achi ga'aniin biqiloota, allaattiiwwan, akaakuu dhagaa, akaakuu biyyeefi saddeeqaa namatti tolaniifi ija namaa hawwatan hedduu argan.Wantoota arganittis baayyee gammadan. Guutaafi hiriyyoonni isaa, "Wantoonni argaa jirru kun hundi maal jedhamu?" jechuun barsiistuuun isaanii gaafatan. Barsiistuuun isaanii, "wantoonni isin argaa jirtan kunniin lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyiifi jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Lubbu-qabeeyyiifi kanneen jedhaman bineensota, biqiloota, allaattiiwwan yemmuu ta'an, kanneen lubbu-dhabeeyyiifi jedhaman immoo kanneen akka dhagaa, bishaan, biyyee, biiftuufaadha," jechuudhaan deebisteef. Barsiistuuun isaanii itti dabaluun,"Wantoota lubbu qabeeyyiis ta'ee lubbu dhabeeyyiin dhala namaaf barbaachisoo fi bu'a qabeeyyiifi waan ta'aniif naannoo keenya kunuunsuutu nurraa eegama," ittiin jette.

Guutaanis, "Daraaraa, saddeeqaafi firii biqilootaa funaannanee aniifi hiriyyoonni koo booda baanee ittiin taphachuu ni dandeenyaa?" jechuun barsiistuuun isaa eeyyama gaafate. Barsiistuuun isaas, "firiiwwaniifi saddeeqa funaanaa fudhadhaa. Daraaraa kutuun garuu hin heeyyamamu; biqiloota kunuunsuu malee kutuu hin qabdan" ittiin jette. Kana booda, Guutaafi hiriyyoonni isaa firiiwwan kudhaniifi saddeeqa kudhan funaannatanii qabatan. Dhumarrattis, daawwannaan isaanii xumuranii gara mana barumsaa isaanitti deebi'an jedhama.

### **Gaaffilee Marii**

1. Guutaafi hiriyyoonni isaa barsiistuuun isaanii waliin daawwannaan deemanii maal argan?

2. Wantoonni lubbu qabeeyyii jedhaman maal fa'i? Kanneen lubbu dhabeeyyii ta'an hoo?
3. Biqiloota kunuunsuun maaliif nu barbaachisa?
4. Guutaafi hiriyyoonni isaa bakka daawwannaatii maal fuudhanii gara mana barumsaa isaaniitti deebi'an? Maaliif?
5. Wantoonni lubbu qabeeyyii ta'an dhala namaa akkamitti kan fayyadan isinitti fakkaata?
6. Wantoota lubbu dhabeeyyii ta'an maaliif itti fayyadamuu dandeenya?

**Gorsa:** Argitanii ijoolle! Naannoo keessanitti kanneen argaman wantoota lubbu-qabeeyyiis ta'an lubbu-dhabeeyyiin, dhala nmaaf barbaachisoofi faayida-qabeeyyii waan ta'aniif kunuunsa gochuufiit u isinirra jira.

## Torban 12<sup>ffaa</sup>

### Sheekkoo Lakkoofsa 12: Jarmiif Bakki Dhokanna Hin jiru

Ijoolle !Har'a sheekkoo "Jarmiif Bakki Dhokanna Hin jiru" jedhu dhaggeeffanna.

Jarmiifi hiriyyoonni isaa mana Hundeefaa isa haaraa deeman. Goleewan dukkanaa'oo hedduu, awwaara baayyee, kosii bubbule, man'ee sarariitii; akkasumas, bakkawan seeraan hin qabamne bakka dhokanna gaarii ta'aniif. Bakki hundinuu kosaa'uu isaa irraan kan ka'e jarmootaaf mijataa ture. Daa'imman harka isaanii utuu hin dhiqatiin nyaata yoo sooratan, afaan, liqimsituufi garaa isaanii keessa seenanii jiraachuun akka isaan baayyee dhukkubsatan taasisu.

Hundeefi maatiin isaa gara mana isaanii isa haaraa deeman. Mana nyaanni itti qophaa'u keessatti nyaata alaa'eefi titiisa guute argan. Hundeen funyaan isaa qabate. "Uf! Foolin isaa baayyee nama jibbisiisa!" jedhe. Inniifi hiriyooni isaa miiccuu, haxaa'uufi qulqulleessuu eegalan. Sana booda, bakkichi qulqulluu ta'e. Jarmiin, titiisniifi balballaan (barariin) akka hin taanetti fiiganii jalaa ba'an. "Homaa miti, ni deebina!" jedhan. "Hundeenfaa gaaf tokko qulqulleessuu isaanii dhiisuu danda'u" waliin jedhan.

Hundee, maatiin isaafi hiriyooni isaa mana isaanii isa bareedaa, qulqulluufi bakka dhaabbii biqiloota isaanii ilaalanii "Nuti amma mana qulqulluu, baay'ee qulqulluu ta'e qabna," jedhan. "Garuu, yeroo hunda qulqulluu ta'ee akka taa'uuf, yeroo hunda qulqulleessuu qabna. Kana gochuu dhiifnaan jarmoonni sun deebi'anii dhufu," jette harmeen Hundee.

Hundeenfaa, ijoolleen biroo fi maatiin isaanii bakka jirenya isaanii qulqulluu akka taasisan barsiisuu isaanii irraan kan ka'e naannoon hundi qulqulluu ta'e. Kana booda, jarmiifi hiriyooni isaanii bakka dhokanna hin qaban. Nama dadhabaa bakka jirenya isaafi naannoo isaa hin qulqulleessine hamma argatanitti daa'imman irraa baqatanii fiigaa jiraatu.

### **Gaaffilee Marii**

1. Manni Hundeefaa jarmii, titiisaafi balballaa (bararii)f maaliif mijateef?
2. Jarmoonni haala kamiin garaa namaa keessa seenuu danda'u?
3. Jarmoonni, titiisniifi balballaan (bararii) mana Hundeefaa dhiisanii maaliif baqatan?

**Gorsa:** Mana keenyaafi naannawaa keenya yeroo hunda yoo qulqulleessine akkasumas, harka keenya saamunaan yookaan daaraan yoo dhiqanne jarmoonni, titiisniifi balballaan (bararii) hin jiraatan; dhukkubas nutti fiduu hin danda'an; nutis fayyaa taana.

### **Torban 13<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 13: Waa'ee Tapha Leensaa**

Ijoolle ! Har'a immoo "Taphni Leensaa" akkamitti akka taphatamu dhaggeeffanna.

Leensaan ijoollee waliin taphachuu ni jaalatti turte. Leensaan daa'ima kubbaa miilaa taphachuufi fiigicha fiiguu baay'ee jaalattudha. Barsiistuu ishees, "Leensaan mucaa qaxaleedha!" jechuun jajjabeessiti turte. Haa ta'uuyuu malee, Leensaan yeroo taphattu of eeggannooodhaan hinturre. Waan kana ta'eef, guyyaa tokko aritii guddaan utuu fiigduu kuftee miilli ishee inni mirgaa cabe. Harki isheefi addi ishees ni quanca'an. Funyaan isheefi hidhiin ishees dhiiga qofa ta'an. Rifeensi mataa ishee awwaara fakkaate. Qubni harka ishee baayyeen isaanii miidhamanii sochii dhaaban. Leensaanis hanga fayyitutti yeroo dheeraadhaaf kubbaa miilaa jaallattu kana osoo hin taphatin turte. Miilli Leensaa suuta suuta fayyaa dhufe. Kana booda, Leensaan kubbaa miilaa of eeggannooodhaan taphachuufi eegalte.

## **Gaaffilee Marii**

1. Sheekkoon dubbifame waa'ee maalii ture?
2. Leensaa kan jajjabeesse eenyudha? Maal jettee?
3. Leensaan yeroo dheeraadhaaf kubbaa miilaa osoo hin taphatiin kan turteef maal taateeti?
4. Qaama ishee isa kam irra miidhaan cimaan ga'e?
5. Of eeggannoonaan yoo taphachuu dhiisne maal taana?

**Gorsa:** Argitanii Ijoolle! Yeroo taphattan of eeggannoonaan ta'u qaba. Kana ta'u hafnaan, kutaalee qaama keenyaa irra miidhaan cimaan gahuu danda'a. Miilli yookaan harki keenya cabuu danda'a.

## **Torban 14<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 14: Gorsa Ogeessa Fayyaa**

Ijoolle! Har'a immoo Sheekkoo waa'ee "Gorsa Ogeessa Fayyaa" jedhu dhaggeeffanna.

Gaaf tokko Bultuun mana barumsaatii galtee mana isaanii keessa osoo taphattuu qaruuraa xiqqoo tokko argite. Suuta jettee qaruuricha bantee yeroo fuunfattu dawaan waan keessa jiruuf foolii badaa qaba ture. "Turi mee! Mee maal maal jedhaa?" jettee dhangala'icha xiqqoo dhandhamte . Xiqqoo turee garaan ishee baay'ee dhukkube. Haati ishees ariitiidhaan mana yaalaatti geessan. Ogeessi fayyaas qorannoo barbaachisu erga geggessee booda, dawaa daa'immaniif hin heeyyamamne fudhachuu ishee qulqulleeffate. Sana booda, haadha ishee waliin mari'achuudhaan dawaa kenneef. Haadha isheenis, dawaa daa'imman bakka ga'uu hin dandeenye kaa'uu akka qaban gorse. Dhumarrattis, Bultuudhaan lammaffaa heeyyama malee waan maatiin ishee kaa'an tuquufi dhandhamuun akka irra hin jirre gorse.

## **Gaaffilee Marii**

1. Bultuun mana barumsaatii akka deebiteen maal gochaa turte?
2. Bultuun wanta argite maal goote?
3. Haati Bultuu maaliif Bultuu mana yaalaatti geessan?
4. Bultuun akka qaruuricha argiteen maal gochuu qabdi turte? Maaliif?

Gorsa: Argitanii ijoolle! Wanta maatiin keessan kaa'an eeyyama malee tuquus ta'e dhandhamuu hin qabdan.

## Torban 15<sup>ffaa</sup>

### Sheekkoo Lakkofsa 15: Re'oota Beela'an Sadeen

Ijoolle! Har'a immoo sheekkoo waa'ee "Re'oota Beela'an Sadanii" dhaggeeffanna.

Bara durii re'oota beela'an saditu turan. Isaanis, re'ee xiqqoo, re'ee giddu-galeessaa fi re'ee guddaa beela'antu turan. Re'ooni kunniin laga gamanaan jiraatu. Laga gamaan marga jiru riqicharra ce'uun dhaqanii nyaachuu fedhan. Haata'uyyuu malee, naacha guddaa tokkotu riqichicha jala jiraata ture.

Gaaf tokko re'ee xiqqaan riqichicharra ce'ee laga gama deemuu murteeffate. Achumaan riqichicha irra deemee osoo darbaa jiruu, "Eenyu ati kan riqicha koo irra deemaa jirtu? Sin nyaadha," jedhe naachi. "Maaloo anaan na hin nyaatiin. Obboleessi koo inni giddu-galeessi sii dhufaa. Inni ana caalaa furdaafi guddaadha," jedhere'ee inni xiqqaan. "Tole darbuu dandeessa," ittiin jedhe. Sana booda, re'ee inni giddu-galeessi riqichicha irra deemuun ce'uu eegale. Achumaan naachichi "Eenyu kan riqicha koo irra deemaa jiru? Sin nyaadha!" jedhe. Re'een giddu galeessis, "Maaloo anaan hin nyaatiin, obboleessi koo inni guddaan sii dhufaa. Inni ana caalaa furdaafi guddaadha," jedhe. Sana booda, naachichi "Tole darbuu dandeessa," jedhe.

Dhumarrattis, re'ee inni guddaan riqichicha irra deemee ce'uu eegale. Yeroo kana naachichi "Eenyu kan riqicha koo irra deemaa jiru? Sin nyaadha!" jedhe. "Mee xiqqoo ishee natti bu'i!" jedhe re'ee guddichi. Re'ee guddichis utaalee gaanfa isaa isa guddaadhaan naachicha waraane. Naachichis bishaan keessatti kufe. Gaafa sanaa jalqabee naachichi lammaffaa naannoo sanatti hinargamne. Re'ooni beela'an sadanuu riqichicha irra ce'anii marga lalisaa lagicha gamatti argamu nyaatanii, nyaatanii quufan. Beela kan jedhamus ni bade.

### Gaaffilee Marii

1. Re'oota meeqatu ture? Eenyufaa turan?
2. Riqichicha jala eenyutu ture?
3. Naachichi riqichicha irra akka ce'aniif re'oota meeqaaf eeyyame? Naachichi re'oota lamaanuu akka ce'aniif maaliif eeyyame isinitti fakkaata?

Gorsa: Ijolle! Waan tokko raawwachuu keenyaan dura naannoowwan keenya haala gaariin qorachuun balaa irraa bilisa ta'uu isaa mirkanoeffachuu qabna. Akkasusmas, humna ofii beekuun barbaachisaa ta'uu qaanii naachicha irra ga'erra hubachuun ni danda'ama.

## Torban 16<sup>ffaa</sup>

### **Sheekkoo Lakkoofsa 16: Daraaraa Aliin Jaalatu**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo waa'ee "Daraaraa Aliin Jaallatu" jedhu dhaggeeffanna.

Aliin mucaa qaxaleedha. Yeroo hunda ganama ganama ka'ee biqiloota bishaan obaasa. Bakka biqiloota sanaas nyaataaf kan oolan kanneen akka timaatimii, raafuu, kaarootiifaatu argama. Akkasumas, daraaraawwan halluu diimaa, keeloo, cuqliisa qaban mimmiidhagootu keessatti argama. Daraaraawwan kanneen keessaa daraaraa cuqliisa gidduutti daraaraa keelloodarbee darbee qabu kan Aliin jaalatu tokkotu jira. Kanuma inni ofii dhaabedha. Haala gaariinis waan kunuunsuuf dafee guddate.

Guyyaa tokko Aliin akkuma amaleeffate bishaan obaasuuf ganamaan ka'ee gara biqiloota isaa deeme. Daraaraa inni jaallatu halluun ishee gara magaalaatti jijiiramtee gaddite ilaale. Bishaan daddabalee yoo obaaseyyuu cooliguurraa hambisuu waan dadhabee, baay'ee gadde. Bakka biqilootaa deemuus ni dhiise. Kana kan hubatan abbaan isaa, "Mucaa koo, daraarattii sana akka ati jaalattu nan beeka. Haa ta'uuyyu malee, daraarattii bishaan baay'ee waan hin jaalanneef lalisuudhaaf rooba gannaa darbuu qabdi. Atis abdii osoo hin kutatiin hordofuufi kunuunsuu qabda," ittiin jedhan. Gaaf tokko ganama abbaan Alii naannoo biqilootaa turanii "Alii! Dafii ariifadhuu koottu," ittiin jedhan. Aliinis akkuma fiigee bira ga'een, bakka daraarittiin turte lafa isaa irratti baala magariisa jiru itti agarsiisan. "Daraaraa kootii?" jedhe dinqisiifachuun. Baay'ee gammade. Deebisee biqiloota sana bishaan obaasuufi kunuunsuu eegale. Daraaraan inni jaalatus deebitee laliste.

### **Gaaffilee Marii**

1. Biqilooni Alii nyaataaf oolan maal fa'i?
2. Daraaraan Alii maaliif daftee guddatte?
3. Daraaraa Aliin jaalatu halluu maal maal qabdi?
4. Aliin sababa maal ta'eef baay'ee gadde?
5. Abbaan Alii maal jedhanii Alii gorsan?

Gorsa: Ijoolle! Abdii kutachuu dhiisanii jabaatanii yoo hojjetan bu'aa gaarii arguun ni dandaa'ama. Waan tokko abdii osoo hin kutatiin irra deddeebi'anii yaaluun bu'aa argamsiisa.

## Torban 17<sup>ffaa</sup>

### Sheekkoo Lakkoofsa 17: Bu'uurota Qubeewwanii

Ijolle! Har'a sheekkoo "Bu'uurota Qubeewwanii" jedhu dhaggeeffanna.

Bu'urri uumama qubeewwanii bocawwan sarara sirrii fi golboo yookin geengoodha. Ka'umsi bocawwan qabee maraa gubbaarraa eegaluun gara gadiittidha.

Tokkoo tokkoon qabee kallattiilee harki qabatee itti socho'uun uumaman kan mataa isaanii ni qabaatu. Kanaaf, qabee boca sirrii barreessuu keessatti kallattii sochiiwwan qubeewwan itti uumaman beekuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, sararoonni bu'uura qubeewwanii saddet yoo ta'an, isaanis:

1. Sarara dhaabbataa (I)
2. Sarara dalgee (-)
3. Shaffaxa bitaa (/)
4. Shaffaxx mirgaa (\ )
5. Golboo gara bitaa (O )
6. Golboo gara mirgaa (C )
7. Geengoo (O)
8. Sarara jajallataa/ dhodhommoqaa (✓) dha. Sararoota kunniin fayyadamnee qubeewwan Afaan Oromoo mara barreessuu ni dandeenyaa.

## Gaaffilee Marii

1. Sararoonni bu'uurota qabee meeqa?
2. Bocni sararoota bu'uuraa eessaa gara eessaatti dha?
3. Sochiin nuti qabee bocuuf goonu tokkumaa?

Gorsa: Akkaataa qalama itti qabatan barsiisota keessan irraa ilaaltanii bocuu qabdu. Sochii harkaallee akeekkadhaa shaakalaa.

## **Torban 18<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 18: Meeshaa Taphaa Waraqaa Irraa Højjechuu**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo "Meeshaa taphaa waraqaa irraa højjechuu" jedhu dhaggeeffanna.

Lammiin hiriyoota Boontuu kanneen mana barumsaa oolmaa daa'immanii tokkotti baratan keessaa tokkodha. Lammii fi Boontuun manaan ollaa walii jiraatu. Lammiin tapha baay'ee jaalata. Dabalataanis, xiyyaarota waraqaa irraa højjechuu ni danda'a. Xiyyaarota højjetee yeroo ol darbatu qilleensa irra balali'u. Boontuufi hiriyooni ishee Lammii waliin taphachuu baay'ee jaalatu. Waraqaa irraa boca xiyaaraa højjetanii fo'aa itti hidhanii yeroo fiigan haala inni ittiin qilleensa irra balali'u ilaaluun gammadu. Lammiin waraqaa dadachaasuun bocoota garaagaraa akkamittiin højjechuun akka dandaa'amu ijolle naannoofi ollaa isaa jiran hunda shaakalchiise.

### **Gaaffilee Marii**

1. Hiriyaan Boontuu inni tapha jaalatu eenuy jedhama?
2. Boontuunfaa taphni isaan taphatan maal jedhama?
3. Meeshaan taphaa Boontuunfaa ittiin taphatan maalirraa kan højjetamedha?

Gorsa: Lammii, Boontuufi ijolleen biroo tapha kana yeroo hunda taphatu. Isinis akkuma Lammii, Boontuufi hiriyoota isaanii waraqaa irraa meeshaalee taphaa adda addaa højjechuun ittiin taphadhaa.

## **Torban 19<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 19: Leemmaneefi Qulqullina Dhuunfaa Ishee**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo "Leemmaneefi qulqullina dhuunfaa ishee" jedhu dhaggeeffanna.

Harmeen Leemmanee, aadde Sinboon, Leemmaneen mana barumsaa yeroo deemtu yeroo hunda laaqana isheef kan ta'u nyaataafi bishaan kennuuf. Nyaata ishees yeroo isaatti harka ishee dhiqattee sirriitti akka nyaattu gorsu. Yoo nyaachuu dhiiste garuu, salphaadhumatti dhukkubni akka ishee qabu itti himu. Leemmanenis gorsa haadha ishee dhaga'uun nyaata kennameef harkashee dhiqattee nyaatti. Bishaan qulqulluus ni dhugdi. Erga nyaattee xumurtees harkashee dhiqattee meeshaa nyaataa ishee seeraan kaa'attee gara manaatti galti.

Harmeen Leemmanees “Ishoo qaxalee koo! Nyaata kee yeroo isaatti waan nyaattuuf fayyummaan kee eegame,” ittiin jetti.

### **Gaaffilee Marii**

1. Haati Leemmanee yeroo Leemmaneen mana barumsaa deemtu maal kennitiif?
2. Leemmaneen nyaata ishee nyaachuun dura maal gooti?
3. Harmeen Leemmanee maal jettee Leemmanee gorsiti?
4. Qaamolee keenyaaf barbaachisoo kan ta'an maal fa'a?

Gorsa: Argitanii ijolle! Qaama keenyaaf nyaataafi bishaan barbaachisoodha.Kanaaf, nutis, akka Leemmanee haala gaariin nyaachuufi qulqullina dhuunfaa keenya eeggachuu qabna.

### **Torban 21<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 20:Adurreewwan Caaltuu**

Ijolle! Har'a immoo sheekkoo waa'ee “Adurreewwan Caaltuu” jedhu dhaggeeffanna.

Gaaf tokko Caaltuun mana hin jirtu turte. Waan isheen mana hin jirreef adurreewwan ishee baay'ee beela'an. Adurreen kun ilmaan sadii kan qabdu yoo ta'u isaanis baayyee beela'an. Kanaafuu, adurrettiin soorata yookaan nyaata barbaaduuf gara alaa deemte. Ta'us, daftee gara manaatti deebi'uu hin dandeenye. Ilmaan ishee sadanuu haadha isaanii yoo eeggatanis, osoo hin deebi'in hafte. Ilmaan isheesakkana jechuun faaruu eegalan:

Harmeen nuuf gaaddisa keenya,  
Beelofneerraa hagabuu teenyaa.

Aduun dhiitee atoo haftee,  
Hatattamaan maal yoo dhuftee.

Caaltuun hin jirtuu kan nu yaadattuu,  
Ariitiidhan dafii nuuf kottuu.

Soorata dhabnee baay'ee beelofnee,  
Si eeggannaa akka hin dagannee.

Harmee keenya si jaalannaa,  
Ati nuuf koottu; siif guddannaa.

Jechuun irra deddeebi'anii faarsan. Harmeen isaanii ammallee daftee hin dhufne. Ilmaanis harmee keenya baanee haa eegnu jechuun manaa ba'anii deeman. Akkuma manaa ba'aniin mooraaan alatti bishaan kuufamee jiru tokko argan. Gadi jedhanii bishaanicha yemmuu ilaalan akkuma daawwitiitti bifa isaanii itti mul'ise. Yemmuu kana ilmoon adurree xiqqishuun bifa adii "Ani itti seenuuufani" jette. Obboleettiin ishee bifa gurraattii immoo gorsa haadha isaanii yaadatte, "Haati keenya 'bishaan yoo agartan gaarii mitii itti hin seeninaa', jettee nu hin gorsinee? Itti hin seenin!" ittiin jette. Adurrettiin adiin kun garuu osoo hin dhaga'in calliftee utaaltee bishaan seente. Gaafa bishaanichi ishee ukkaamsu baay'ee iyyitee boosse. Obboleewan ishees iyyanii boo'uu eegalan. Haatisaanii fagoorraa iyya sagalee isaanii yemmuu dhageessu fiigichaan bira geesee, ilmoo bishaan seente sana daftee baafte. Gorsa haadhaa kabajuu dhabuu isheef baayyee aartee itti dheekkamte. Ilmoowwan gurraattiifi diimtuu gorsa haadha isaanii sana dhagaa'anii kabajaniif immoo, meeshaa ittiin taphatan badhaasaan kenniteef.

### **Gaaffilee Marii**

1. Adurreewwan sadan mooraanisaanii keessaa akkuma bahaniin maal argan?
2. Adurreewwan sadan yemmuu haatisaanii manatti osoo hin deebi'in hafte maal jechuun ishee faarsan?
3. Adurreen gorsa haadhaa hin dhageenye ishee kami?
4. Haati adurreewwanii, adurree ishee gurraattiifi diimtuu meeshaa ittiin taphatan kan isaan badhaafte maaliifidha?

**Gorsa:** Agartanii ijoolle! Gorsa warra keessanii dhagahuun balaarraa of eeguu qabdu.

### **Torban 22<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 21:Jamiilaafi Olloota Ishee**

Ijoolle ! Har'a immoo waa'ee Aadde Jamiilaafi ollaawan ishee attamitti gammachuu fi nageenyaan akka waliin jiraatan dhaggeeffanna.

Aadde Jamiilaafi ollaawan ishee ganda Aara Qal'oo jedhamtu tokko keessa waliin jiraachaa turan. Ollaawan Aadde Jamiilaas lakkoofsaan shan ta'u. Aadde Jamiilaafi ollaawan ishee kunniin ganama yemmuu manaa ba'anis ta'ee galgala yemmuu hojidhaa galan yeroo hunda wal argu. Yemmuu wal organis, "Attam bultan? Attam ooltan?" jechuun nagaa wal gaafatu. Waliin

jiraachuu isaaniitiif baayyee itti gammadu. Yeroo boqonnaa isaanii tokko tokko ammoo aadde Jamiilaan buna danfisaniitu ollaa isaanii waamuun affeelu. Shanan isaaniiyuu buna waliin dhugaa waa'ee hojii saanii, waa'ee ijoollee isaaniifi waa'ee fayyummaa isaanii waliin mari'atu. Guyyaa biroo ammoo, akkasuma aadde Baaccuun buna danfisaniitu ollawan shanan isaaniiyuu wal waamanii waliin taphatu. Namni dhukkubsate yoo jiraates waan barbaachisu qabatanii waliin ta'uun dhaqanii gaafatu. Haala kanaan, aadde Jamiilaafi ollawan ishee yeroo dheeraadhaaf nagaafi gammachuun waliin jiraataa turan.

### **Gaaffilee Marii**

1. Gandi aadde Jamiilaafaa maal jedhamti?
2. Aadde Jamiilaafi ollawan ishee yeroo akkamii wal argu?
3. Ollawan aadde Jamiilaa meeqa?
4. Aadde Jamiilaafi ollawan ishee guyyoota boqonnaa isaanii maal hojjetu?
5. Aadde Jamiilaanfaa gammachuun kan jiraatan maaliif isiniti fakkaata?

**Gorsa:** Ijolle agartanii! Isinis, ollawwaniifi hiriyyoota keessaniif gaarii ta'uun, nagaafi gammachuun waliin jiraachuu qabdu.

### **Torban 23<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 22: Kadijjaafi Hiriyyota Ishee**

Ijolle! Har'a immoo Kadijjaafi hiriyooni ishee mukkeen naannoo isaaniitti argaman akkamitti akka kunuunsan dhaggeeffanna.

Mana Kadijjaafaa duuba mukkeen sadiitu jiru. Maatiin Kadijja akka isheen mukkeen kanneen bishaan obaastuufi biyyee hammachiisuun kunuunsuu qabdu gorsa kennaniif. Kadijjaanis gorsa fudhatte bu'uura godhachuun yeroo hunda mukkeen kanneen bishaan obaasuufi biyyee hammachisuun kunuunsuu eegalte. Aramaa mukkeen jalatti biqilanis buqqisuun gatti. Mukkeen kanneenis baay'ee jaalachaa deemte. Gaaf tokko, Kadijjaan, Saadiyyaa fi Na'imaa waliin taphachuun waan barbaaddeef gara mana isaanii deemuu waamtee deebite. Hiriyooni ishees dhufanii mukkeen Kadijjaan jaalattu kana jala taa'anii taphachuun eegalan. Osso taphachaa jiranii, "Mukkeen kunniin akkamii akkasitti miidhaguu dandaa'anii?" jettee Saadiyyaan Kadijja gaafatte. Kadijjaanis hiriyyota isheetiinakkana jetteen, "Mukkeen mana keenya duuba

jiran kunnin kan akkana miidhaganiifi guddatan abbaafi haati kiyya yeroo hunda kunuunsa waan godhaniifidha. Anis haala gorsa isaan naaf kennaniin bishaan obaasuufi biyyee itti hammachiisuun yeroo hunda kunuunsa barbaachisaa ta'e waanan godhuufidha” jette. Akkasumas, Kadijjaan, mukkeen as keessatti argaman kana kan fakkaatan mukkeen biroos baay'een naannoo isaaniitti akka argaman hiriyyoota isheetti himte.

Dabalataanis, mukkeen mana ittiin ijaarrachuuf, nyaata ittiin bilcheeffachuuf, gaaddisaaf, qorichaafi kan kana fakkaataniif akka fayyadan ibsiteef. “Isinis akkuma koo kana mukkeen kunuunsuu ni dandeessu,” jechuun gorsa hiriyyota isheetiif kennite. Hiriyooni ishees yaada Kadijjaan dhiheessite kanarratti walii galuun guyyaal gorsa kana fudhatan irraa eegalanii mukkeen naannoo isaaniitti argaman kunuunsuu eegalan. Mukkeenis, kunuunsa gahaa ta'e waan argataniif, miidhagaa deeman. Abbaan Kadijjaafi namoonni naannoos gocha ijoollee kanaa baayye dinqisiifachuun isaan galateeffatan.

### **Gaaffilee Marii**

1. Kadijjaan mukkeen mana isaanii duubatti argamaniif maal goote?
2. Kadijjaan hiriyoottan ishee waamtee maal itti himte?
3. Kadijjaafi hiriyooni ishee mukkeen naannoosaaniitti argamaniif kunuunsa gochuun faayidaa inni naannoo isaaniitiif kennu maali?

**Gorsa:** Ijolle! Isinis akkuma Kadijjaafi hiriyyota ishee mukkeen naannoo keessanitti argamaniif kunuunsa barbaachisaa ta'e hunda gochuufii qabdu. Mukeen yoo guddatan naannoo keessan miidhaksu. Wantoota adda addaatiifis ni fayyadu. Kanaafuu, yeroo hunda kunuunsa godhaafii.

## **Torban 24<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 23: Hojiawan Guyyoota Hundaa**

Ijoolle! Har'a immoo Tolasaaf Jabeessaan Ganama, waaree booda, galgalaa fi halkan jechuun maal jechuu akka ta'an akkamiin akka baratan dhaggeeffanna.

Guyyaa tokko Tolasaafi Jabeessaan barsiisaa isaanii waliin oolmaa daa'immanii Boqqojjii keessatti argamu tokko daawwachuuuf deeman. Akkuma achi ga'aniin gara kutaa oolmaa daa'immanii tokkoo seenan. Daa'imman hundinuu taa'aniiru. Barsiistuuun isaanii ganama, sa'a booda, galgalaafi halkan jechuun maal jechuu akka ta'e daa'immaniif ibsa kennaa turte. Tolasaafi Jabeessaan jechoota kana yemmuu dhaga'an baayyee gammadan. Barsiistuuun daa'immanii barnooticha itti fufuun, "Ijolle! Yeroo hunda ganama hirriba keessanirraa kaatanii dura gara mana fincaanii deemtu. Itti aansuun harkaafi fuula keessa dhiqattu. Kanaa booda, ciree keessan nyaattanii, dabtara keessan qabachuun gara mana barumsaa deemuun hanga yeroo laaqanaatti ni barattu mitii? Yeroon kun ganama jedhama. Sa'a laaqanaatii eegalee hanga dhihutti kan jiru sa'a booda jedhama. Galgala kan jennu yemmuu namoonni hundi hojiidhaa yookaan mana barumsaatii gara manaatti deebi'anii fi dhihudha. Namoonni hundi yemmuu isaan mana ciisichaa keessa galanii rafan immoo halkan ta'a," jechuun ibsa kenniteef. Jabeessaan harka baasuun, "Barsiistu, dukkana kan ta'u yoomi? Yeroo kana wanti mul'atu ni jiraa?" jedhee gaafate. Barsiistuunis, "Ganamaafi sa'a booda yemmuu ta'u ifadha. Galgalaafi halkan yemmuu ta'u immoo, dukkana ta'a. Akkasumas, yeroo dhihu addeessaa fi urjiin samiirratti ni mul'atu," jechuun deebii kenniteef. Tolasaafi Jabeessaanis waan dhagahaniifi baratan hundatti gammadanii, "Har'a waan dhageenyefi baranne kana hiriyyoota keenyatti himuu qabna," waliin jedhan. Kanumaan daawwannaa isaanii xumuranii barsiisaa isaanii waliin gara mana isaaniitti deebi'an.

#### **Gaaffilee Marii:**

1. Sheekkoon amma dhageessan kun waa'ee maalii isinitti himaa ture?
2. Daawwannadhaaf gara oolmaa daa'immanii biroo kan deeman eenyufaa turan?
3. Tolasaafi Jabeessaan oolmaa daa'immanii akkuma ga'aniin daree isa kamiin seenan?
4. Ganama ganama maalfaatu raawwatama?
5. Ganamaafi waaree booda ta'u maaliin beekkama?
6. Halkan keessa maalfaatu mul'achuu danda'a?

## 7. Galgalaafi halkan ta'uun maliin beekkama?

**Gorsa:** Ijoolle! Isinis ganama , waaree booda, galgalaafi halkan kan jedhu jechoota yeroo ibsan ta'uun beekuu qabdu. Garaagarummaa isaaniis sirriitti hubachuun adda baaftanii beekuun barbaachisaadha.

### Torban 25<sup>ffaa</sup>

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 24: Gorsa Haadha Kootii**

Ijoolle! Har'a sheekkoo “Gorsa Haadha kootii” jedhu dhaggeeffanna.

Gaaddiseen barattuu barnoota idileen duraati.Yeroo hunda namoonni waan tokko yemmuu ishee gaafatan, kan barbaachisu yoo isheetti fakkaate “Mee turi gorsa haadha koon barbaadaa (haadha kootiinan mari’adhaa),” jechuun beekamti. Kunis, sababa malee miti. Haati ishee, aadde Kumashiin, gorsa faayidaa qaban waan isheef kennaniifidha. Guyyaa tokko wasiilli Gaaddisee, obbo Bojaan, keessummummaan mana isaanii dhufan. Gaaddisee mararsiifachuun, “Gaaddoo koo, baayyee dadhabeera mee tokkicha wayyaa koo jalaan harka kee loosii dugda koo naaf sukkuumi,” jedhaniin. Yoona kana Gaaddiseen guyyaa tokko waan haati ishee jedhanii ishee gorsan yaadatte.

“Mucaa koo elaa waan ati beekuu qabduu fi hamma yoonaatti waan ani sitti hin himiin tokkotu jira. Innis, kutaawan qaama keenyaa huccuun haguugaman kan dhuunfaa keenyaafi namni kamuu ilaaluifi tuquu hin qabnedha. Kanaafuu, namni kamuu yoo si gaafate, hindanda’amu! Hin tuqsiisu; hin agarsiisu! jechuu qabda. Haaluma wal fakkaatuun, atis qaama dhuunfaa nama tokkoo tuquu hin qabdu,” jedhaniin.Yoona kana utaaltee ka’uun fiigdee dhaqxee waan wasiilli ishee jedhan haadhasheetti himte.Battalumatti immoo daftee,“Anaafis wasiila kooti; harmeef immoo obboleessa, maaliifan isheetti himee, natti dheekkamti?” jechuun sodaadhaan walitti butamtee lafa ilaala dhaabbatte. Haatishee garuu akka mucaan yaaddetti itti dheekkamuu osoo hintaane,“Ishoo! Cimtuu mucaa kiyyaa, gorsa koo yaadachuun kee nagammachiiseera” ittiin jedhaniin. Gaaddiseenis waan ishee amananiifi waan itti hin dheekkamneef gammachuun isheetti dhagaahamee ammas dabalataan akkas jechuun haadha gaafatte.“Harme, garuu osoon hin barbaadiniifi hin heeyyaminiif yoo najalaa tuqan maalan godha?” jetteen. Haati ishee aadde Kumashiinis , “Ilaamee mucaakoo, kun icciitiidha. Namni kamuu hin dubbatin jedhanii yoo situqan yookiin na agarsiisi yoo siin jedhanillee, atattamaan anatti yookaan abbaa keetti himuu

qabda” jedhanii gorsan. Akkasumas, mana barumsaa keessattii fi iddo maatiin ishee dhihootti hin argamnetti yoo ta’e, barsiisaa/tuu isheetti himuu akka dandeessus dabalataan ibsa kennaniif.

### **Gaaffilee Marii**

1. Gaaddiseen maal jechuun beekamtii? Maaliif?
2. Haati Gaaddisee, aadde Kumashiin, Gaaddisee maal maal jechuun gorsani?
3. Gaaddiseen “Haati koo natti dheekkamti,” jettee kan sodaatteef maaliif ture?

**Gorsa:** Ijolle! Qaamni keessan kan huccuun haguugame kan dhuunfaa keessaniifi namni biroo kamuu ilaaluufi tuquu hinqabnedha. Isinis, qaama nama dhuunfaa tokkoo ilaaluu fi tuquun akka hin barbaachifne beekaa. Haata’u malee, namni kamuu yoo isin jalaa tuqe yookaan na agarsiisi isiniin jedhe maatii keessanitti yookaan barsiisaa/tuu keessanitti himuu qabdu.

### **Torban 26<sup>ffaa</sup>**

#### **Sheekkoo Lakkoofsa 25: Kuduraalee Oddoo/Boroo**

Ijolle! Har’a immoo sheekkoo waa’ee Kuduraalee Boroo” jedhu dhaggeeffanna.

Daraartuufi hiriyonni ishee yeroo boqonnaa isaanii hunda mukkeen naannoo isaaniitti argaman daawwachuufi kunuunsuudhaan yeroo isaanii dabarsaa turan. Osso akkanaan jiranii gaaf-tokko Daraartuufi Na’imaan taphachuudhaaf kubbaa isaanii qabatanii gara mooraa Iftuufaa seenan. Kubbaa isaanii walitti darbachaa osoo taphachaa jiranii kuduraalee boroo manaa jiru keessa jalaa buute. Kubbattii fudhachuuf fiigichaan yemmuu deeman obboleessi Iftuu inni hangafti Jamaal sagaleesaa ol kaasee “Isinitti himeera! Kuduraaleerra akka hin ejjenne? Kubbattii barbaacha yoo ta’e suuta jedhaatii iddo duwwaa bo’oo sararoota gidduu jiru keessa darbaatii fudhadhaa,” jedheen. Daraartuunfaas fiigicha isaanii dhiisanii naasuun dhaabbatan. Yoona kana Iftuun, “Jamaal hin shakkiin nuti waan tokkoyyu balleessuu hin barbaannu. Yoo nuuf eeyyamte jiruusaayyu si gargaaruu ni dandeenyaatii maal si gargaaruu akka qabnu nutti himi,” jetteen. Na’imaafi Daraartuunis, “Eeyyeen si gargaaruu ni dandeenya.” Achumaanis, tokkoon tokkoon kuduraalee maqaa isaanii akka nutti himtu ni barbaanna,” jedhaniin. Jamaalis, “Yeroof wanti isin nagargaartanillee hin jiru. Kubbaa keessan immoo anuu isiniifan baasa,” jedheen.

Daraartuunfaas, Jamaaliin hordofaa sararoota bo'oo kuduraalee boroo keessa deemaan "Maqaawan kuduraalee kunniin maal jedhamu?" jedhaniin. Jamaalis, kuduraalee boroo manaa sarara sararaan dhaabbatan keessa deemaan qubaan itti akeekaa maqaa isaanii akkas jechuun himuufii eegale: "Sararoota bo'oo kana lamaan keessa kan jiran kaarotiidha. Sararoota bo'oo sadan sanniin keessa kan jiran timaatimiidha. Bo'oon sararaa inni giddusaanii jiru tokkichi kun immoo salaaxaadha. Innis, yeroo gabaabaa keessattii kan ga'uufi buqqisuun baalli isaanii kan nyaatamudha. Bo'oon sararootaa arfan isaan sunniin immoo, biqiloota raafuu maraati. Bo'oowwan sararoota shanan sunniin immoo, qaaraadha. Bo'oowwan sararootaa ja'an itti aananii jiran qoosxaa yemmuu ta'an, sararooniisaan sunniin lamaan immoo raafuudha. Akkuma agartan raafuun kun bu'amuu ga'eera. Kanneen ilaaltan kunniin hundinuu kuduraalee boroo jedhamu. Isaan kana soorachuun fayyummaa keenyaaf baayyee mijataadha. Akkuma agartan kana haala gaariidhaan waanan kunuunseef baayyee ni miidhagu," jedhe Jamaal. Itti aansuun, Na'iimaan, "Ati kuduraalee kanneen irraa faayidaa maalii argattaa?" jetteen. Innis, "Na'iimaa, agarree kuduraaleen kunniin yemmuu ga'an fayyadama nyaata manaaf oolan birayyuu darbanii gurguramuun madda galii ni argamsiisu," jedheen. Kanumaan Daraartuunfaas beekumsa argataniif Jamaaliin galateeffatanii kubbaasaanii fudhatanii gara taphasaanii deeman.

### Gaaffilee Marii

1. Daraartuufi Na'iimaan maaliif gara mooraa Iftuufaa seenan?
2. Obboleessi Iftuu inni angafti, Jamaal sagaleesaa ol kaasee maal isaaniin jedhe?
3. Kuduraaleen boroo mana Iftuufaa keessa jiran maal fa'i?
4. Kuduraalee boroo hunda keessaa bo'oo sararoota hedduu kan qabu kami?
5. Kuduraalee boroo keessaanyaataaf bu'amuu kan ga'e kami?
6. Kuduraalee boroo soorachuun maaliif fayyada?
7. Jamaal kuduraalee boroorraa faayidaa maalii argata?

**Gorsa:** Ijolle, agartanii! Kuduraaleen boroo dhala namaatiif baayyee kan fayyadanidha. Fakkeenyaaf, kuduraaleen: soorataaf, madda galii fi miidhaginaaf ni oolu. Kanaafuu, kuduraalee boroo kunuunsuun barbaachisaadha.

## **Torban 27<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 26: Gowwaa Kee Barbaadi!**

Yeroo tokko qamaleefi waraabessi naannoo tokko waliin jiraatu turan. Guyyaa tokko lamaan isaaniyyuu kallattii barbaadaniin soorata barbaaddachuuf gara bosonaa deeman. Haa ta'u malee, waraabessi adamoo kanaan bu'a qabeessa waan hintaaneef waan nyaatu tokkollee osoo hin argatiin gara manasaatti deebi'e. Baayyee beela'ee waan tureef karaa ittiin soorata argatu mala dhahate. "Beelaan hamman du'u maaliifan qamalittii kana hin nyaadhu?" jedhee yaade. Akkamitti akka ishee qabatus itti yaaduun mala dhahaate. "Amma yemmuu qamuun adamoodhaa dhuftu manashee keessa galee haadhokadhu. Yemmuu isheen balbala manaa banattu utaaleen ishee qabadha," jedhee ofiin mari'ate. Qamaleenis mukarraa mukatti utaaluun soorata ishee funaannachaa ooltee yemmuu dhihu gara mana isheetti deebite. Akkuma manashee geesseen, balbala manaa rurrukutaa sagalee ol keestee, "Mana koo! Mana koo!" jettee waamte. Maal taate manni koo har'a? Yeroo hunda yeroon waamu, ookoo! naan jetti. Har'a maaltu ishee tuqee! ookoo naan jechuun owwaachuu diddee?" jette sagalee ol kaaftee. Yemmuu isheen kana jettu waraabessi sagalee isaa balleeffateetu mana keessa riphee taa'ee dhaggeeffachaa ture.

Waraabessichis, "Edaa manni ishee yemmuu qamaleen waamtu ni owwaattii?" jechuun itti yaadee "ookoo! ookoo! Jechuun si'a lama sagalee ol kaasee owwaate. Kana booda, qamalee gamnittiin waraabessi mana keessa jiraachuusaa yemmuu bartu "Eenyu gowwaan! Gowwaa kee barbaaddadhu!" jettee manashee seenuu dhiftee fiigichaan baqatte. Waraabessi yemmuu inni balbala banee ilaalu qamaleen hin jirtu. Kanaan waraabessi gaddee agabuusaa gara manasaatti deebi'ee gale.

### **Gaaffilee Marii**

1. Waraabessi mana eenuu dhokatee? Maaliif?
2. Qamaleen kan mana ishee waamte maaliif isinitti fakkaata?
3. Qamalettiin osoo hin waamin mana ishee osoo seentee jiraattee maaltu isheerra ga'uu danda'a isinitti fakkaata?
4. Waraabessi yemmuu qamaleen manashee waamtu maaliif "ookoo !" jedhee owwaatee?
5. Qamalettiin gowwaa kee barbaadi kan jette eenuunidha? Maaliif gowwaa kee barbaadi jette?

**Gorsa:** Yeroo tokko tokko gamna ta'uufi waa shakkuun nageenya keenyaaf barbaachisaafi faayidaa kan qabudha. Akkasumas, faayidaa dhuunfaatiif jedhanii kanneen biroorratti daba hojjechuun barbaachisaa miti.

## Torban 28<sup>ffaa</sup>

### Sheekkoo Lakkoofsa 27: Jijiirama Ji'ootaafi Waqtilee

Ijoolle! Har'a immoo sheekkoo jijiirama ji'ootaafi waqtilee dhaggeeffanna.

Tolaafi Abdiin mana barumsaa Urjii jedhamu keessatti baratu. Gaaf tokko dirree ganda isaaniirra taa'anii ossoo taphachaa jiranii qilleensi qabbanaa'aa cimaa waan ta'eef baayyee isaanitti qorre. "Bokkaan roobuuf natti fakkaata qorruu calqabe," jedhe Abdiin. Tolaan immoo, "Amma waan dhiheef sitti qorre," jedheen. Kanumaan Abdiin, "garuu bokkaan kan garmalee baay'atu yoomii?" jedhee Tolaa gaafate. "Kana ani hin beeku, mee boru ganama barsiistuu keenya Boontuu gaafanna," waliin jedhanii gara mana mana isaaniitti deeman. Borumtaa isaa ganama akkuma mana barumsaa gahaniin barsiistuu isaanii Boontuu arganii gaafatan. Isheenis, akkas jechuun deebii isaaniif kennite. "Ji'oondi aduu bona jedhamanii waamamu. Ji'oondi roobaa immoo, ganna jedhamuun waamamu. Ganni baay'ee qorra; bonni immoo baay'ee ho'a," jechuun barsiistuu Boontuun Tolaafi Abdiitti himte. Isaanis, deebii argatanitti gammadanii barsiistuu isaanii galateeffachuun gara dareetti galan.

### Gaaffilee Marii

1. Tolaafi Abdiin dirreerra taa'anii waa'ee maalii waliin haasa'ani?
2. Tolaafi Abdiin barsiistuu Boontuu gaaffii maalii gaafatan?
3. Barsiistuu Boontuun gaaffii Tolaafi Abdiitiif deebii maalii kenniteef?
4. Bona kan jedhamu waqtii attamiiti?
5. Ganna kan jedhamu hoo waqtii attamiiti?

**Gorsa:** Waqtilee addaan baasanii beekuufi huccuwwan waqtilee wajjin deeman uffachuun barbaachisaadha.

## **Torban 29<sup>ffaa</sup>**

### **Sheekkoo Lakkoofsa 28: Korophisa Ofjajaa**

Ijoolle! Har'a immoo sheekkoo waa'ee "Korophisa of-jajaa" tokkoo dhaggeeffanna.

Korophisni of-jajaan tokko nyaata jaalata. Korophisni kun haadhasaa waliin ta'uun bakka kuduraa lalisaa bal'aa tokko cina jiraata. Innis, muuzii, timaatimii, daraaraa, baala mimmi'aawaniifi asheeta ataraa nyaachuu barbaada. Haa ta'u malee, haati isaa yeroo hunda baala kichuu kennuufi jaallatti. Isheeniscireef baala kichuu, laaqanaaf baala kichuu, hirbaataafis akkasuma, baala kichuu kennitiif. Kanaafuu, yeroo hunda baala kichuu nyaachuun isa nuffisiise. Kanarrraa kan ka'e, gaafa Wiixataa haadha isaa dhokatee bakka kuduraa deemuun muuzii tokko nyaate. Kibxata bakkuma kuduraa kana deemuun timaatimii diddiimaa lama nyaate. Guyyaa Roobiis haadha isaa dhokatee bakkuma kuduraa kana deemuun daraaraa keeloo sadii nyaate. Gaafa Kamisaas akkasuma dhokateetu bakkuma kana deemuun baala kichuu mimmi'aawaa lama nyaate. Jimaatas asheeta ataraa magariisa lama nyaate. "Ijoolle! Amma korophisni qanani'aan kun waan quufe isinitti fakkaataa? Miti! Hin quufne."

Ammas, guyyaa Sanbataa immoo, muuzii tokko, timaatimii lama, daraaraa keeloo sadii, baala mimmi'aawaa afuriifi asheeta ataraa shan nyaate. Yemmuu kana garaan korophisa qanani'aa kanaa akka kubbaa afuufame. Balali'uus dadhabee muka jala taa'ee boo'uu eegale. Haati isaas osoo inni taa'ee boo'uu itti dhuftee lafaa kaaftee bishaan kenniteef. Hamma hirribni isa fudhatuttis qabattee teesse. Korophisni qanani'aan kunis rafee buleetu gaafa Dilbataa baay'ee itti fooyya'e. Baala kichuu haati isaa kenniteefis osoo homaa hin hanbisiin nyaatee fixe.

### **Gaaffilee Marii**

1. Korophisni qanani'aan haadha isaa dhokatee gara bakka kuduraan jiru kan deeme maaliifidha?
2. Korophisni qanani'ichi Wiixata maal nyaate? Kibxata hoo?
3. Korophisni kun gaaf Sanbataa hoo maal nyaate?
4. Korophisni qanani'aan kun muka jala taa'ee kan boo'e maal ta'eetu?
5. Korophisni qanani'aan kun kan isatti fooyya'e guyyaa kam ture? Akkamitti itti fooyya'uu danda'e?

**Gorsa:** Ijoolle! Isinis guyyoota turban keessa jiran beekuufi guyyoottan kana keessatti hojiwwan hojjechuuf karoorfattan beekuu qabdu. Soorata addaa addaa nyaachuun barbaachisaa yoo ta'el ee, eeyyama maatii keessanii malee humnaa ol nyaachuunis sirrii miti.

## Torban 30<sup>ffaa</sup>

### Sheekkoo Lakkoofsa 29: Lukkuu Diimtuu Xiqqoo

Ijoolle! Har'a immoo waa'ee "Lukkuu Diimtuu Xiqqoo" tokkoo dhaggeeffanna.

Guyyaa tokko lukkuu diimtuu xiqqoo tokkotu oyiruu tokko cinatti sanyii qamadii dhangala'e argatte. Isheenis, bineensota cina ishee turan: Saree, Adurreefi Booyee akkana jechuun gaafatte, "sanyii qamadii kanaa akkan facaasu nagargaartuu?" isaaniin jette. Dura sareen "Si hin gargaaru" jedheen. Itti aansuun Adurreen, "Si hingargaaru" jetteen. Dhumarratti Booyeenis "Si hingargaaru," jedheen. Lukkuunis, "Rakkoo hin qabaatinaa! Bokkaan gaariin naaf roobee sirriitti naaf haa biqilu malee," jettee qamadicha hammaartee kophaa ishee facaafatte. Qamadiin faca'e kun gogee haamuun isaa geenyaan, Lukkuu diimtuu xinnoon kun, "Qamadicha haamuun nagargaartuu?" jettee Saree, Adurreefi Booyee duraanii sanneen gaafatte. Ammas, sarichi "Si hin gargaaru," jedheen. Adurrittiin, "Si hin gargaaru," jetteen. Booyeenis, "Si hin gargaaru," jedheen. Lukkuttiin, "Rakkoo hin qabaatinaa, aduun caama gaarii naaf haa ta'u malee," jechuun kophaa ishee qamadicha haammatte.

Lukkuu diimtuu xiqqoon kun qamadii haammattree calleessitee galfachuuf, "Obdii qopheessuuf qamadicha dhahee calleessuuf nagargaartuu?" jettee Saree, Adurreefi Booyee gaafatte. Ammas hundi isaanii dabaree dabareedhaan "Si higargaarru" jedhaniin. Lukkuunis, "Rakkoo hin qabaatinaa! Bokkaa qofti hin roobin. Caama gaariifi qilleensa naaf haa ta'u malee," jechuun oogdii tolfattee qamadicha dhooftee calleessitee galfatte.

Ammas, Lukkuu diimtuu xiqqoon kun, "Qamadicha daakuuf nagargaartuu?" jettee Saree, Adurreefi Booyee gaafatte. Sadan isaaniyyuu "Si hin gargaarru" jedhaniin. Lukkuttiin, "Rakkoo hin qabaatinaa! Aduu naaf ta'ee kan afame naaf haagogu malee," jettee qamadicha kophaa ishee daakte.

Amma immoo Lukkuttiin,”Daabboo tolchuu na gargaartuu?” jechuun Saree, Adurreefi Booyee gaafatte. Sadan isaaniyyuu “Si hin gargaarru!” jechuun deebii kennaniif. Lukkuttiinis,“ Itti dhiisaa” jettee daabbicha qaphaa ishee tolchatte.

Boodarra lukkuun kun,“Daabboo nyaachuu nagargaartuu?” jettee isaan hunda gaafatte. Sareen, “Eeyyeen, sin gargaara,” jedheen. Adurreen, “Eeyyeen, singargaara,” jetteen. Booyeenis, “Eeyyeen, sin gargaara” jedheen. Yemmuu kana lukkuu diimtuu xiqloon sun, “ Amma kan nagargaaru hinbarbaadu! Kan hin hojenne, hin nyaatu! Cuuciiwan koo sadan wajjinan nyaadha,” jettee cuuciiwan ishee sadan waliin daabboo sana ‘hunkut’ gootee nyaatte.

### **Gaaffilee Marii**

1. Lukkuu diimtuu xiqloon bokkaan gaariin naaf haa roobu kan jette maaliifidha? Bokkaa hin ta’in malee kan jette hoo maaliifidha?
2. Lukkuu diimtuu xiqqittiin caama gaariifi qilleensa naaf haata’u kan jette maaliifidha?
3. Isin osoo hiriyyaa lukkuu diimtuu xiqqoo sanaa taatanii maal gootu ture?

**Gorsa:** Ijolle! Akkuma qilleensa adda addaa nu barbaachisu hojii hojjechuuf Waqtileen faayidaa qabu. Jiruun yeroo isaa malee, raawwatamus faayidaa isarrraa miidhaa fiduu akka danda’uhubachuu qabdu. Waan hunda didanii faayidaa ofii qofa eeguun ofjaal’achuunis miidhaa qaba.